Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
Ejensii Misoomaa fi Manaajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaa

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር
የኦሮሚያ የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲ
The Oromia National Regional Government
Urban Land Development and Management Agency

Lakk /ቁጥር/ Ref No EJIMO-X-17/9716/1
Guyyaa /ቀን/ Date 10/09/2010

Waajjira Misoomaa fi Maaneejimantii Lafa Magaalaa Godina /Magaalaa
Godinaalee 20 fi Magaaloota 19 **tiif**

Bakka Jirtanitti

Dhimmi: - Qajeelfama Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa hin Qabnee fi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe Lakk. 5/2008 foyyeesuuf irra deebiin bahe qajeelfama Lakk.8/2010 Erguu Ta'a.

Lafti magaalaa misooma hawaas-diinagdee jiraattoota magaalaatiif akka ooluu seeraa fi hojimaata iftoomina qabuun hoogganuu fi bulchuuf qajeelfamni Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa hin Qabnee fi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe Lakk. 5/2008 hojiirra oolaa tureera.

Haata'u malee, qaawwaa qajeelfamichi yeroo hojiirra oolutti qabuu fi dhimmonni ifa hin taanee ilaalchisee gaaffiin magaalootaa fi godinaalee irraa dhiyaachaa jiruuf furmaataa kennuun barbachisaa waan ta'eef, ***qajeelfama lakk.8/2010*** fooyya'ee bahee kan isinii ergine ta'uu ibsaa, ofeeggannoon akka hojiirra oolchitan isin hubachiifna.

Nagaa wajjin

Mitikkuu Dheeressaa Barjaa
Hoji geggeessaa olaanaa
ምትኩ ዴሬሳ በርጃ
ዋና ስራ አስኪያጅ

G/G

- Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif
- Waajjira Pireezadaantii BMNOtiif
- Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneeniitiif
- Biiroo Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif
- Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaatiif

Finfinnee

- EMMLMOtti
  - Hojii Gaggeessaa Olaanaa Ejensiif
  - I/A/H/G fi Adeemsa H/ I/ Misoomaa fi Dabarsa Lafa Magaalaatiif
  - I/A/H/G fi Adeemsa H/ I/ Bulchiinsa Qabiyyee Lafa Magaalaatiif
  - Adeemsa Hojii I/Mir/Hoj/Ri/ fi seera lafa magaalaatiif
  - Adeemsa Dhimmoota Komnikeeshinii Mootummaatiif
  - Garee Dagaagina Naamuusaa Ejensii Keenyaatiif

EMMLMO

+251 115 580467
+251 115 580471
ፋክስ +251 115 580456
Fax +251 115 580465
ፊንፊኔ፣አዲስ አበባ
Finfinnee,Addis Ababa

Deebii yeroo kennitan Lakkoofsa xalayaa Keenyaa Caqasaa! እባክዎ መልስ ሲሰጡ የደብዳቤያችን ቁጥር ይጥቀሱ! Please quote our Ref.No.while replying

Qajeelfama Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa hin Qabnee fi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe Lakk. 5/2008 foyyeesuuf irra deebiin bahe qajeelfama Lakk. 8/2010

Qabiyyeewwan lafa magaalaa yeroo adda addaa murtii qaama lafa bulchuuf aangoon kennameefiin qabamanii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa osoo hin qabaanne jiran, akkasumas; qabiyyee seeraan alaa akka naannoo keenyaatti lakkoofsi isaanii hedduu yoo ta'u, abbootiin qabiyyee ijaarsa qabiyyicha irraa qaban suphachuu, jijjiiruu, dhalchiisuu fi dabarsuu waan hin dandeenyeef mirgi itti fayyadama isaanii daangeffamee ture fala argatee qabiyyee fi qabeenya isaanii madda dinagdee akka godhatanii Qajeelfamni lakk.5/2008 bahuun isaa ni yaadatama.

Haata'u malee, qajeelfamichi yeroo hojiirra oolutti, dhimmonni ifa hin tanee fi murtee dabalataa barbadaan ilaalchisee gaaffiin magaalootaa fi godinaalee irraa dhihaachaa jiraniif furmaataa kennuun barbachisaa waan ta'eef,

Akaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebii dhaan gurmeessuu, Aangoo fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe Lakk.199/2008 keewwata 74 keewwata xiqqaa 3tiin qajeelfamni kun fooyya'e bahee jira;

1. **Mata -Duree**

   Qajeelfamni kun *" Qajeelfama Keessummeessa Qabiyyee Lafa Magaalaa Ragaa hin Qabnee fi Ijaarsa Seeraan Alaa Sirna Qabsiisuuf Bahe Lakk. 5/2008 Fooyyessuuf irra deebiin Bahe Qajeelfama Lakk. 8/2010"* jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Fooyya'insa**

   1. Keewwata 12 keewwata xiqqaa 1 (g) tartiiba qubee (a) hanga (e)'tiin ragaa dhihaatu irratti hundaa'uun koree maanajimantii lafa magaalichaatiin yookiin magaaloota koreen maanajimantii lafa magaalaa hin qabne keessatti koree maanajimantii bulchiinsa magaalaatiin yookiin magaalaa itti waammamni bulchiinsa Anaatiif ta'e bulchiinsa Aanaatiin murtaa'ee; itti gaafatamaa lafa magaalichaatiin yookiin bulchiinsa magaalaatiin mirkanaa'ee ragaan ni kennama; raawwiin isaa yeroo yeroodhaan bulchiinsa magaalaatiif yookiin bulchiinsa Aaanaatiif dhiyaachuu qaba; gabaasin raawwii kanaa osoo hin dhihaatiin hafee komiin dhihaate yoo argame seera bulchiinsa lafa magaalaatiin kan gaafachiisu ta'a.

Mitikkuu Dheeressaa Barjaa
Hoji geggeessaa olaanaa
ምትኩ ዴራሳ በርጃ
ዋና ስራ አስኪያጅ

2. Qajeelfama lakk.5/2008 keessatti kan keewwata 12[(3(a),4(e))], 20[(10(a-ii))], 26(4), 33, 33[(1-i(a),ii(c),(2(a),(d)), 3(i(b), (ii(c)),(4(v))] jalatti "Ejensii" jechuun kan barreeffame Waajjira Misoomaa fi Maaneejimantii Lafa Magaalaa fi caasaa isaa hanga gandaatti jiru jechu dha."
3. Qajeelfama lakk.5/2008 Keewwata 17 keewwata xiqqaa 9 akka itti aanuutti foyya'eera.
   "Namni Qabiyyee Durii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Hin qabne ulaagaa dambichaa fi qajeelfama kanaan taa'e guutu, magaalaa tokko keessatti qabiyyee tokkoo ol yoo qabaate magaaloota sirna liiziin bulan yoo ta'e qabiyyee isa tokkoo ol jiru gatii liizii caalbaasii waayitaawaatiin sirna liiziitti kan galu ta'a; magaaloota sirna kiraan bulan keessa yoo ta'e gatii caalbaasii kiraa waayitaawaatiin ta'ee sirna kiraatiin waraqaan ragaa abbaa qabiyummaa kan kennamuuf ta'a."
4. Qajeelfama lakk.5/2008 Keewwata 29 keewwata xiqqaa 2 akka armaan gadiittti foyya'eera.
   "Lafti dabalataan qabame of danda'ee misoomuu kan danda'u yoo ta'e lafti dabalataan qabame gatii liizii caalbaasii wayitaawaan kan eeyyamamuuf ta'a. Ta'us, haala kanaan lafti hayyamamu lafa dabalataan qabames ta'e kan seeraan qabame ida'amee m^2 500 ol ta'uu hin danda'u."
5. Qajeelfama lakk.5/2008 keewwata 33 keewwata xiqqaa 4 (iii)tti aanee keewwata xiqqaa (iv) ta'ee kan armaan gadii tumameera
   "Kan keewwata 4(iii) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Ijaarsa seeraan alaa guyyaa guyyaan raawwatamaa jiru yoo ta'ee murtee kantiibaatiin battalumatti ni diiga."

Mitikkuu Dheeressaa Barjaa
Hoji geggeessaa olaanaa
ምትኩ ዴሬሳ በርጃ
ዋና ስራ አስኪያጅ

Finfinnee

Caamsaa guyyaa 10 bara 2010